OROMO

Yeroo Atobsni Akka Itti Dhufuuf Deemu Hayamame ka Bara Barmoota 2009-2010

Walgayii Waxabajii 3 Boordin Maneen Barmootaa godhan irratti, Itti Gaafatamtooni Boordii Maneen Barmootaa bara 2009-10 yeroo haaraya ka atobisni itti dhufuuf deemuf yeroo maneen barmootaa jalqabuuf hobayu hundaaf/maraaf jijiiranii jiran.

Tarkaanfin fudhatame kun haala haaraya atobisa itti fudhatan ka bulchaa dhaf Boordin Maneen Barmootaa ji'a Bitootessaa 18 mogaase irratti hundaaya. Tarkkaanfin fudhatame kun warri baratootaa yeroo baratooni kutaa duraa baratan atobisan deemaniif galan yeroo aduun/ifni jiruu tayuu waan filataniif (Yeroo AIfni Galgalaa jiru) hujii irra akka oolu goone. Yaada nuuf hirmaatan kana irratti hundaayu dhaan sagantaa maneen barmootaa itti jalqabuu uf-afoo daqiiqaa 10-15 oolchine.

Jijiiramni geejibaa ka dirqama guutu kun: yeroo baratooni atobisa irratti dabrsan gadii buusuu, haala wal-fakkaataa tayeef, warra atobisa oofaniif haala beekkamaa waan tayuuf. Jijiiramni kun Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa tif baratoota dur atobisaan fudhatan mara/hunda, atobisa 49 haqifnee akka fuunu, gatii gaaza fi qileensati hadhaa carbon footprint jedhamu gadi-lakkisuu gadi-buufnu, fi hujii haala woyyaa-qabuun akka gageesinee fi $2.2 akka qusanu nu gargaara.

Jijiirama yeroo maneen barmootaa jalqabuuf hobayu ufitti fudhatuun, waraaf hojjatoota maraaf/hundaaf waan yeroo barbaachisuuf yeroo isaan barbaachisu lafa-jala kennuu dhan jalqabani sagantaa kanaa Fulbaana 2009 akka tayu goone.

Gaditti odeefanoo yeroo maneen barmootaa jalqabaniif itti hobayan fi yeroo atobisni ganamaaf saa'a booda dhufuuf deemu lafa keennee jirra. Walakaa ji'a Hagaya keessatti yeroo atobsni ijoolee fuudhuf deebisu gama Damee Giijiba Maneen Barmoota Siyaatil iraa isinii eergama.

http://www.seattleschools.org/area/transportation/times/proposedtranstimes.pdf